Namni don'i nama ani isa biratti dubbatamee salawaata narratti hin buusini

Huseen bin Aliyyi bin Abii Xaalib irraa akka odeeffametti -Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaallatu- akkana jedhe: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Namni don'i nama ani isa biratti dubbatamee salawaata narratti hin buusini».

[sirrii] [رواه الترمذي والنسائي في الكبرى وأحمد]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- bakka maqaan, ykn kuniyaan, ykn sifti isaanii dubbatamuun dhaga'ametti salawaata irratti buusuu dhabuu irraa akeekkachiisanii, akkana jedhan: Don'i hamaan nama ani isa biratti dubbatamee salawaata na irratti hin buusini; sun wantoota baay'efi. Tokkoffaa: Inni waan sababa isaatiin waan xiqqoos ta'ee baay’ee hin dhabnee fi qarshii fi carraaqqii wahiituu irraa hin barbaannen don'oomuudha. Lammaffaa: Inni lubbuu ofitti don'oomee mindaa silaa salawaata Nabiyyii irratti -nagaa fi rahmatni irratti haa jiraatu- buusuun argatu of dhoorge; Sababni isaas inni salawaata isaan irratti buusuu irraa diduun don'oomee, dirqama silaa ajaja fudhatee raawwatee mindaa itti argatu raawwachuu waan dideef jecha. Sadaffaa: Isaan irratti salawaata buusuun haqa Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- tokko tokko guutuu of keessaa qaba, Inni (Nabiyyiin sallallaahu aleyhi wasallam) isa nu barsiise, isa nu qajeelche, isa gara Rabbii ol ta'etti nu waame, isa wahyii fi seera shari'aa Islaamaa kanaan nuuf dhufe, kanaaf isaan -Eega Rabbii ol ta'eetii- sababaa qajeeluu keenyaati, Namni isaan irratti salawaata hin buufne dhugumatti lubbuu ofitti don'oome, akkasumas haqoota isaanii keessaa haqa gadi aanaa diduun dhugumatti Nabiyyii irrattis -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- don'oomeera.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5403